# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** | جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 01/05/2014 تاريخ

Lakk.: 03/stm-abo/2014
No.: رقم

## Humna Waraanaan Hiriira Nagaa Ukkaamsuun Itti Fufa Gochaa Mootummaa Wayyaane Wagga 22 ti

*Ibsa ABO irraa kenname*

Hacuuccaa fi saaminsi sirnoota abbootii irree sirnoota darabeen Itophiyaa bitan bifa adda addaan gaggeeffamu ummatoota Itophiyaa adddatti ammoo ummata Oromoo irraan miidhaan dhaqqabsiise sadarkaa hin obsamne dhaqqabuu irraa ummatni Oromoo gaaffii mirgaa fi dimokraasii kaasuudhaan waggoota dheeraaf qabsootti jira. Qabsoon ummatni Oromoo sirna bittootaa irratti adeemsisaa turee fi jiru kunis har'a sadarkaa ol aanaatti tarkaanfatee guutuu Oromiyaa keessatti gara fincila ummataatti jijjiiramee argama.

Haa tahu malee mootummootni Itophiyaa gaaffii ummatni Oromoo karaa nagaa dhiheeffatu dhaga'anii furmaata itti gochuu irra humnaan ukkaamsuu kan filatan tahuun dhugaa irra deddeebi'ee mul'ate dha. Qabsoo haqaa ummatni Oromoo itti jiruuf deebisa barbaachisu keennuu irra "farra nagaa, farra misoomaa, shororkeessota fi kkf jechuun jumulaan ajjeesuu, hidhuu, tumuu fi biyyaa baqachiisuun tarkaanfiilee mootummootni Itophiyaa fudhataa turanii fi jirani dha.

Yeroo ammaa kana barattootnii fi dargaggootni Oromoo akkasumas ummtni Oromiyaa guutuu keessatti gaaffii mirgaa kaasuun hiriira nagaa adeemsisaa jiran keessatti deebiin argataa jiran akkuma adeeffatame gaaffii barattootaa ofitti fudhatuun deebii kennuu irra haala suukanneessan ajjeechaa, reebicha fi hidhaa tahaa jira. Tarkaanfii ajaja hogganoota sirna Wayyaaneen humna waraanaa amanamaa sirnichaan ilmaanii fi ummata Oromoo irratti fudhatamaa jiruun lammiiwwan Oromoo kan ijoolleen umrii 10ni gadii keessatti argaman Amboo, Madda Walaabuu fi bakkoota birootti kudhanootaan ajjeefamanii jiran. Amboo fi University Haromayaa keessatti boombiilee dargaggotaa fi ummata harka qullaa irrati dhoosuun garaa jabinaan lubbuun dhabamsiifamaa jira. Hedduun mana hidhaatti gatamaniiru. Jaarsaa fi jaartii, guddaa fi xiqqaa osoo hin jenne reebichi ummata Oromoo bakkayyuutti irra gahaa jiru sukanneessaa dha.

Tarkaanfii fudhatamaa jiru kunis itti fufa ajjeechaa barattoota Oromoo gaaffii mirgaa kaasuu irraa Ambo, Dambi Doolloo, Naqamte, Geedoo, Horroo Guduruu, Baalee, Ciroo fi Oromiyaan alattis Tigray Maqalee fi Gojjam keessatti ajjeefamaa fi jumulaan manneen barnootaa keessaa ari'amaa turanii ti.

P.O. Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153886 Email: abo.abo976@gmail.com, *www.oromoliberationfront.org*

ABOn gaaffii haqaa ummatni kaasaa jiruuf deebii gahaa kennuu irra tarkaanfii suukanneessaa mootummaa Wayyaaneen fudhatamaa kan jiru jabeessee balaaleffata. Tarkaanfii gara jabinaa humna addaa waraanaa, poolisa Federaalaa fi hidhattootaan fudhatamaa jiru kana ajajuu fi raawwachiisuu keessatti kanneen qooda qaban, Muummichi Ministaraa sirnichaa, ajajaan humna waraanaa fi gaafatamaan tikaa mootummaa Wayyaanee gaafatamoo tahuu hubachiisa.

Kanatti dabalees ABOn ilmaan Oromoo humna waraanaa fi poolisaa keessatti argaman kan ajjeefamaa, hidhamaa fi tumamaa jiran abbootii, haawwanii fi obboleewwan isaanii tahuu hubatuun tarkaanfii hammeenyaa fi diinummaa fudhatamaa jiru kana keessatti akka qooda hin fudhanne qofa osoo hin taane akka dura dhaabbatan irra deebi'ee waamicha dhiheessaaf.

Ummatni Oromoo keessaa fi ala jiru ammaan booda gidaaratti dhiibamee filmaata dhorkamee kan mayii irraa gahuu hubatee harkaa wal qabatee mirga isaa falmatuu fi gumaa kanneen waggaa 22 darban ajjeefamaa bahanii fi ammas garaa laafina malee jumulaan ajjeefamaa jiranii seeraanis tahe karaa danda'amu hundaan akka falamtu waamicha keenya cimsinee dabarsina. Addatti kanneen ala jirtan sagalee ummata kana dhageessisuuf akka sochootani fi dirqama sabummaa keessan baatan waamicha gooana.

Hawaasni addunyaa, dhaabbattootni mirga namoomaaf dhaabbatanii fi jaarmayootni mirga dimokraasiif falman hundis tarkaanfii mootummaan abbaa irree ummata fayyaaleyyii gaaffii mirgaa fi dimokraasii kaasan irratti fudhataa jiru farra dimokraasii tahuu hubatuun gochaa isaa hatattamaan akka dhaabuuf dhiibbaa barbaachisu akka godhan ABOn hubachiisa. Gochaa kana callisanii ilaaluun gochaa kana eebbisuu keessaa qooda fudhatuu tahuu ABO deddeebisee hubachisa.

**Injifannoo Ummata Oromoof!**
**Adda Bilisumma Oromoo!**

**Caamsaa 01, 2014**